H_1 N_1 talaalliin fluu kiing kaauntii tti ni argama

H_1N_1 fi talaallii fluu waqatii hunda keessas ta'uu baatu illee buufta fay'ilaa, kiliniikotaa fi manneen qorichaa baay'eetti argamu .osoo argachuuf hindeemne bilbilaa.

Dhaabbanni fayyaa uummataa uummata tajaajiloota fayyaa hinqabneef talaallii ni kenna. Weebsaayitti dhaabbata fayyaa uummataa irraa.

www.kingcounty.gov/health/H1N1

Waayyee argannaa walitti fufiinsaa talaallii H_1N_1 qulqulleefadhaa. Ga'eeyyinii fi ijoolleen umurtii waggaa lo ga'an talaallii H_1N_1 doozii tokko barbaadu. Ijoolleen waggaa 10 gadii doozii lama barbaadu. Fluu waqitileen dhalatu of irraa itisuuf talaallii gargaarii barbaachisaadha.

Dhaabbani waayee fayyaa uummataa gargaarsaaf qophaa'aadha.

Uummanni bay'een waayee fluu gaafiwwanii fi ilaalcha qabu. Dhaabbani fayyaa uummataa odeefannoo ammayyaa isin dhageesisuuf daandiwwan bay'ee qaba odeefannoo amaayyaa dhaaf www.kingcounty.gov/health/H1N1 ykn

Flu Hot line

877-903-5464

Afaan Ingliffaa

fi

Spaanishiitiin guyyaatti sa'a 24

Public Health

Seattle & King County

H1N1 Vaccine Facts—Oromo

Updated 1/05/2010

Ofii fi daa'ima keessaniif waayee H1N1 (swine) talaallii fluu yaadduu?

Maal Baruu barbaaddu?

Dhugaa waayee talaallii Qufaa /Filuu/H_1 N_1

Qufaa (fluu) of irraa ittisuuf talaallii qufaa (fluu)

Argachuun isa baay'ee filatamaadha. Talaalliin qufaa qaamni keenya qufaa/filuu/ akka of irraa ittisu gargaara. Namoonni tokko tokko filuudhaan qubamami ittisa argachuun tallaallii fluu ni caala jedhanii amanu. Haata'u malee, talaallii filuu argaachuun osoo balaa dhugaa tokkoo namarra hinqaqabsiifne haaluma isa fluu irraa argannuun tajaajila.

Talaalliin fluu H_1N_1 (swine) jedhamu nama kamiifuugaariidha. Keessumaayyuu **daa'imaa** fi **haadholee ulfaatiif** barbaachisaadha. Sababni isaas isaan baay'ee dhibamuu waanta danda'anii fi filuun H_1N_1 yoo isaan qabate kunuunsa hospitaalaa waanta barbaadaniifihaaf.

Dabalataanis namoon ittisa **dhibee qaama keessaa** ykn **haalota fayyaa irratti gadi fageenyaan rakkoo horatan** qaban (Fkn dhibee sukaaraa, balaa dhabiinsa tasgabbii, rakkin aafuura baasuu ykn liquimsuu) kan qaban yoo H_1N_1 filuun isaan qabate rakkoo ammaataatuu irraa ga'a.

Barbaachisaa:- isin ykn daa'imni keessan rakkoolee fayyaa rakkoo dhibee edduu, irraa isin qaqabsiisu irraa yoo jiraattan **fi** talaallii H_1N_1 akka hinfudhane kan isin dhorku yoo jiraate, amma danda'ametti

Talaalliin H_1N_1 Filuu rakkoo kan uumuu miti

Talaalliin H1N1 Infuleewweezaa haaluma talaallii waqtii filuutiin kan qophaa'eedha. Akkasumas kan nama hin miine ta'ee erga baroota baay'eetii, Afrikaanonni miliyoonatti tilmaamamanii fi hawaasni addunyaa talaallii filuu haala miidhaa hin qabneen fudhataniira.

Talaallii fluu H_1N_1 irraa fluun nama hinqabu

Talaalliin fluu, fluu namatti hinfidu. vaayirasiiwwan talaallicha keessa jiran du'oodha kuni jechuun miidhaa namatti hinfidan. Talaalliin fiunyaaniin naqamu (flumist) vaayirasoota lubbuu qaban dadhaboo fi funyaanii fi liqimsituutti keemikaala ittisa dhibee yeroo uumuun infekshiinii kan uuman yoo ta'u kunis nama birootti hindarbu.

Miidhaan talaallii kan yeroo hunda hin argamnee fi jiddugaleessa. Dhukkbbii, madaa, bowwoo, furrii dafee yaa'u fi ho'ina giddugaleessa qabaachuu danda'a.

Keemikaalli(thimersol) talaallii H_1N_1 filuu keessa jiru miidhaa hin qabu

Keemikaallii thimeersool jedhamu xiqqinaan (kan meerkurii qabu) talaalli kana akka tolchuuf itti fayyadamu. Akkaadaamii waayee gadameessaa Ameerikaa, giddugala to'annoo fi ittisa dhibee fi dhaabbatni qorichaa raga qabatamaa ta'e irratti hundaa'uun talaalliin thimeeroosaal qabu dhibee ykn dhibeewwan fayyaa biroo akka hin fidne kan murteessan yoo ta'u, murtiin kun biyyoota addunyaatiinis fudhatameera.

Yoo barbaaddan dhukubsatoota rakkoo guddaa irra jiruuf xiqqinaan kan qophaa'u talaalliin thimeers hinqabne waanta jiruuf tajaajilaa fayyaa keessanii gaafadha.